

سُورَةُ الْاِحْقَافِ
Suuraa Ahgqaaf

Dura dursoo suuran tun suuratul'ahgaaf je'arnti,

*Isiin suuraa makkaati, aayata 10.15.35 malee.

*Aayaanni isi'ii soddomii shan 35

*Lakkooyisi isi'ii afurtamii jaha 46

*Isiin eega suura { jaathiya'aatii } buute

*Jalqabni maqaa Rabbii Rahgmata xiq-q'aa , guddaa qabuutii.

1} *Waaqni waan jecha {hgaamiim} kanatti fidhe isumaatu beekha.

*Qur'aana buusun,

*Rabbirraayi, waaqatu buuse malee Muhammad if biraa kaasee hin jenne yookaa hin finne,

*Waaqa, mootii jabaa, injifatuu malee ,hin injifatamne

2} *Kan waan dalagu hunda keessatti hgikmaa qabuutu buuse,

*Sami'iifii dachii , ammallee waan isaanb lamaan jidduu jiru,hgaqaaf uumne malee waan biraatii hin uumne,wanni uumnef akka tokkummaa teenyafii, dandeenyii teenya mul'ifnuufi.,

*Hanga umriin waan uumne sanii dhumtutti. dachi'iifii samiin, ammallee wanni isaan lamaan jidduu jiru, hoggaa qiyaaman dhaabbatte,umriin isi'ii dhumtee ni dhabamti,

*Warri Rabbitti kafare, waaqa morome,

قبل كل شئ هذه هي سورة الاحقاف

وهي مكية الا الآية ١٠ - ١٥ - ٣٥

واياتها (٣٥)

وترتيبها (٤٦)

نزلت بعد سورة الجاثية

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ

حَمْدٌ

تَنْزِيلُ الْكِتَابِ

مِنَ اللَّهِ

الْعَزِيزِ

الْحَكِيمِ

مَا خَلَقْنَا السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضَ وَمَا بَيْنَهُمَا إِلَّا

بِالْحَقِّ

وَأَجَلٍ مُّسَمًّى

وَالَّذِينَ كَفَرُوا

3} *Waan sodaachifamaniin azaabarraa gara galan, azaaba sodaatanii, waan Rab biin je'u hin dhagayan,

عَمَّا أَنْذَرُوا مُعْرِضُونَ ﴿٣﴾

*Orma kuffaaratiin akki jettu; mee waan Rabbii achitti gabbartan, yookaa ibaadann. naaf odeessaa, mee asnaamarraa naa odeessaa,

قُلْ أَرَأَيْتُمْ مَا تَدْعُونَ مِنْ دُونِ اللَّهِ

*Mee waan isaan.dachii tanarraa uuman na garsiisaa, kan sanii jettanii isaan gabbartan,

أُرُونِي مَاذَا خَلَقُوا مِنَ الْأَرْضِ

*Si Rabbiin wajji, wanni hedduun sun, samii uumanii? uumaa isi'ii keessaa harra qabanii?,

أَمْ لَهُمْ شِرْكٌ فِي السَّمَوَاتِ

*Mee kitaaba, qur'aana dura buufame, naa fidaa,

أَتُنُونِي بِكِتَابٍ مِنْ قَبْلِ هَذَا

*Takkaa beekkomsa warra durirraa hafe, kan waan Rabbin tayin ibaadun waan Rabbitti nama dheyeessu je'ee, ragaa isinii bayu akka isin jettanitti mee fidaa, 4} *Yoo waan jettan keessatti dhugaa dubbattan mee kitaaba yookaa beekkomsa anbiyootafii owliyootarraa isin gaye fidaa.

أَوْ أَنْزَلْنَا مِنْ عَلَيْهِ

إِنْ كُنْتُمْ صَادِقِينَ ﴿٤﴾

*Eenyu namni nama Rabbii achitti gabbaru yookaa ibaadu,

وَمَنْ أَضَلُّ مِمَّنْ يَدْعُوا مِنْ دُونِ اللَّهِ

*Nama yaaminsa isaa hin owwaanne gabbaru, kan addunya'aa aakhira'atti isan fayyanne,

مَنْ لَا يَسْتَجِيبُ لَهُ

*Hanga guyyaa qiyaama'atti,

إِلَى يَوْمِ الْقِيَامَةِ

5} *Kan sanamni, taabonni isaan Rabbii achitti gabbaran sun ibaadaa isaan isa ibaadann quban qabne, warra dhagaa lubbuun qabne ibaadurra namni jalla'aa eenyu? namni nama waan akkanaa ibaadurra jalla'aa hin jiru jechu.

وَهُمْ عَنْ دُعَائِهِمْ غَافِلُونَ ﴿٥﴾

*Hoggaa qiyaaman dhaabbattee, warri du'e qabri'ii kaafamee, walitti qabame,

وَإِذَا حُشِرَ النَّاسُ

*Wanni kuffaarri gabbaru hundi diina

كَانُوا لَهُمْ أَعْدَاءَ

yookaa xilaata isaanitii taya,

6} *Isaan kuffaarri isaan ibaadduu ni mo-roman. isin, nu ibaadduu hin turre je'aniiti waakkatan.

وَكَانُوا بِعِبَادَتِهِمْ كَافِرِينَ ﴿٦﴾

*hogгаа kuffaararratti aayaanni keenya kan makgnaan isaa mul'atu, qara'ame,

وَإِذَا نُتِلَّىٰ عَلَيْهِمْ آيَاتُنَا بَيِّنَاتٍ

*Warri Rabbitti kafare akki je'e :

قَالَ الَّذِينَ كَفَرُوا

*Qur'aanan akki je'e :

لِلْحَقِّ

*Hogгаа isaanitti dhufu. Irratti qara'amu,

لَمَّا جَاءَهُمْ

7} *Inni kun sihgri'ii yookaa falfala mul'ataa je'an.

هَذَا سِحْرٌ مُّبِينٌ ﴿٧﴾

*Si inumaa muhammaddu qur'aana kana, if biraa kaasee fide je'anii?,

أَمْ يَقُولُونَ افْتَرَاهُ

*Yaa ergamaa kiyya wanni isaanin jettu, yoo qur'aanni,kanan, an,if biraa kaasee ji'u, taate, Rabbiin na qixaaxaa,

قُلْ إِنْ افْتَرَيْتُهُ

*Waa takka azaaba Rabbii narraa deebisuu hin dandeessan,

فَلَا تَمْلِكُونَ لِي مِنَ اللَّهِ شَيْئًا

*Rabbiin, waan isin qur'aanan jettan. ni beekhaa irraa is in gaafatu'uu jiraata,

هُوَ أَعْلَمُ بِمَا تُفِيضُونَ فِيهِ

*Naafii isin jiddu'utti, Rabbiin raga tayuun, akkan an dhugaa dubbadhu akka isin kijibdan, Rabbiin beekhee, ragaa tayuun, ni gayaa, ragaan biraa hin barbaadamu,

كَفَىٰ بِهِ شَهِيدًا بَيْنِي وَبَيْنَكُمْ

*Rabbiin kan nama isatti amaneef araramu,

وَهُوَ الْعَفُورُ

8} *Kan rahgmata nama amaneef godhu

الرَّحِيمِ ﴿٨﴾

*Warra si kijibsiisun akki jettu:

قُلْ

*An nama ergamootarra dura dursoo ergamee mitii, na dura ergamoota meeqaa tamiitu ergamee,akkamitti na kijibsiifan,

مَا كُنتُ بِدَعَاٍ مِنَ الرُّسُلِ

*An waan addunyaa tanarratti , Rabbiin

وَمَا أَدْرِى مَا يُفَعَلُ بِي وَلَا بِكُمْ

natti mum, biyya makkarraan baafamamoo hin baafamuu. Nan ajjeefamamoo hin ajjeefamuu, Rabbiin qilleensan isin fixamoo, dachii isiniin gara galchamoo, beelan yookaa lolaan isin fixuu, isinitti,muree hin beeku .an waan san if biraa kaasee, hin beeku,

*An waan Rabbiin na barsiisen beekha malee, waa takka if biraa kaasee fiduu, yookaa beekuu, hin dandayu. Yoo Rabbiin waan natti dalagu'uu taa'u, ammallee waan isinitti dalagu'uu taa'u, na beysise, nan beekhaa.isiniifan odeessa,

إِن أَنْبَعُ إِلَّا مَا يُوحَىٰ إِلَىٰ

9} *An waan biraatii mitii nama dinninaf ergame. nama dirree bayee azaaba Rabbi isin sodaachisu'uuf ergame.

وَمَا أَنَا إِلَّا نَذِيرٌ مُّبِينٌ ﴿٩﴾

*Mee naa odeessaa haalli keessan akkam taya,

قُلْ أَرَأَيْتُمْ

*Yoo qur'aanni kun kan Rabbiin buuse tayee,

إِن كَانَ مِنْ عِنْدِ اللَّهِ

*Isin waan Rabbiin buuse moromtan?,

وَكَفَرْتُمْ بِهِ

*Kan akka qur'aanni Rabbirraa taye

وَشَهِدَ شَاهِدٌ مِّنْ بَنِي إِسْرَائِيلَ عَلَىٰ مِثْلِهِ

ulamaa'ii yahuuda'arraa namni tokko ragaa baye.waan towraat keessatti argeen. yookaa dhufeen. kan nabiyyii asxaan isaa, akkanaatu makkarraa ergemee, qur'aanni akkanaa irratti bu'a je'u. namni ragaa baye sun KGA-BDALLAAHII ILMA SALAAMI.ummata isaatii dhaamen. Kgabdullahin ilma salaam, takkaa nabi muusa'aa, waan ulamaa'ii yahuuda'aa tan akkaan tawraat beyturraayi. inni nabi muhammaditti amaneeti, iimaanni isaa akkaan tolee, sawaaba lama argate. sawaaba nabi muusa'atti amanu'utifii sawaaba nabi muhammaditti amanu'uu inni asxaa nabi muhammad, towraat keessatti dubbatameen, irratti argee,

*Duuba itti amanee,

فَتَأْمَنَ

*Isin yaa kuffaara makkaa amanu'urraa if guddiftanii kafartan, mee maal himattan. tanaaf jecha, isin warra cubbuu dalagee mitii ? eeyee warra cubbuu dalage jechuu,

وَأَسْتَكَبِرْتُمْ

10} *Rabbiin warra isatti kafaree, if mi-
idhe ,yookaa cubbuu dalage, karaa jan-
nataa hin qajeelchu.

*Warri Rabbitti kafare warra Rabbitti
amaneen akka je'e;

*Odoon iimaanni, waan gaarii tayee silaa
ormi islaamaa, nu dura dabree, hin am-
anu, warri horii hin qabne, hiyyeeyyin,
nu dura dabranii qur'aana dhugo'oom-
sanii, hin amanan, je'anii, amanuu didan

*Duuba hoggaa qur'aanan iimaanatti
qajeeluu dhabanii jallina ida'atan,

* Je'uudhaf jiraatan,

11} *Qur'aanni kun, kijiba, yookaa oduu
warra duri. Kan Rabbiitu je'e, je'ee, kij-
iba Rabbirra kaayuje'an,

*Kanuma isa dura kitaabni muusa'aa
towraat bu'ee jim,

*Kan shari'aa keessatti imaama namaa
tayu,

*Kan nama isatti amanee waan isa kee-

ssa jirutti dalageef, rahgmata qabu.duuba ormi kuffaaraa kun, kitaaba
muusa'aa sanuu Rabbiin buusee yaadani. tanaaf firdii isaa qeebalanii.
Towraat keessa, akka nabi muhammad ergamee, qur'aanni irratti bu'uu
dhaa taa'utu dubbatamee, akkarniin towraat dhugaa tayee, qur'aanni
kijiba taya?,

*Qur'aanni kun,

*Kitaaba guddaa kabajamaa ,

*Kan kitaabban isa dura buufame hu-
nda, dhugo'oomsu. kan towhgiida kitaab-
ban sun, itti nama yaamutti yaamu,

*Kan afaan arabaa kan isin beytaniin
bu'e,

*Akka qur'aanni, yookaa Rabbiin, yoo-
kaa nabi muhammad qajeelchuf, takkaa
dinniinuf,

إِنَّ اللَّهَ لَا يَهْدِي الْقَوْمَ الظَّالِمِينَ ﴿١٠﴾

وَقَالَ الَّذِينَ كَفَرُوا لِلَّذِينَ آمَنُوا

لَوْ كَانَ خَيْرًا مَا سَبَقُونَا إِلَيْهِ

وَإِذْ لَمْ يَهْتَدُوا بِهِ

فَسَيَقُولُونَ

هَذَا إِفْكٌ قَدِيمٌ ﴿١١﴾

وَمِن قَبْلِهِ كَتَبَ مُوسَى

إِمَامًا

وَرَحْمَةً

وَهَذَا

كُتِبَ

مُصَدِّقٌ

لِسَانًا عَرَبِيًّا

لِيُنذَرَ

*Warra makka kan Rabbitti waa qind-eessee kafare, karaa haqaa qajeelchuf, 12} *Qur'aanni kun, kan warra Rabbitti amane gammachiisu.

الَّذِينَ ظَلَمُوا

وَبَشِّرِ لِلْمُحْسِنِينَ ﴿١٢﴾

*Warri Rabbitti amane, kan tokkummaa isaa yaadu,

إِنَّ الَّذِينَ قَالُوا رَبُّنَا اللَّهُ

*Kan eegasii qajeelanii ibaadaa godhan .walitti dhaabanii, kan beekhanii waan b eekanitti dalagan,

ثُمَّ اسْتَقَمُوا

*Waan hamtu'uutu nutti dhufa je'anii waa takka hin sodaatan,

فَلَا حَوْفٌ عَلَيْهِمْ

13} *Ammallee waan gaarii dhabne'eef hin yaaddawan.

وَلَا هُمْ يَحْزَنُونَ ﴿١٣﴾

* Isaan warra jannataati,

أُولَئِكَ أَصْحَابُ الْجَنَّةِ

*Isaanii jannata san keessa zalaalamii taa'an,

خَالِدِينَ فِيهَا

14} *Galata waan gaarii isaan dalaganiitif, waan san argatan .

جَزَاءً يَمَّا كَانُوا يَعْمَلُونَ ﴿١٤﴾

*Ilma namaa ajajnee jirra, yookaa isaa dhaamne jirra,

وَوَصَّيْنَا الْإِنْسَانَ

*Haadhaa abbaa isatti, harkaa fuula tolu'utti isa dirqinee jirra.wanni itti isa ajajneef, isaantu haqa guddaa irraa qaba'aafi. mee haadha namaa laali, akka isiin, itti isaa jecha, cinqamte,

بِوَالِدَيْهِ إِحْسَانًا

*Haati isaa.baatii sagal cinqiidhan wajji gara'atti ba'atte,

حَمَلَتْهُ أُمُّهُ كُرْهًا

* Ammallee cinqamteeti, bakka du'aa geessee, deessi, yookaa dhalti,

وَوَضَعَتْهُ كُرْهًا

*Yaroon isa gara'atti ba'atu'utufii,

وَحَمَلَهُ

*Yaroon harmarraa isa guusu'uu,

وَفَصَّلَهُ

*Baatii soddama, baatii soddoman ka-

ثَلَاثُونَ شَهْرًا

anarra, baatin jaha irra xiqqoo yaroo ulfaati. wanni hafe, sun diiddamii afurii, irra guddoo waytii hoosisaati, yoo baati jaha gara'atti ba'atte soddomanirraa hanga hafe, {24} ni hoosifti. yoo baati sagal gara'atti ba'atte, hanga soddomarraa hafe {21} ni guddifti jechalleen je'ame,

*Hanga hoggaa bakka cimiinsa isaa gaye, cimiinsa humnaa tayuu, kan ayli'ii tayuu ,kan malaa tayuu, yaroon wanni sun guutamtu ,(33} soddamii sadiyii,

*Bara afurtam gaye .sun, bakka namni, akkaan itti guutamuu,

*Wanni je'e: yaa Rabbii kiyya, na yaa-dachiisi,

*Nikgmaa yookaa qananii tee, tan naan qananiifterratti galata siif galchuu,

*Ammallee qanani haadhaa abbaa kiy-yaan qananiifterratti, galata siif galchuu ,na yaadachiisi,

*Ammallee waan gaarii ati jaalattu dal-aguu, na qunnamsiisi,

*Ilmaan kiyya naa toIchi,

*Yaa Rabbi, an gara kee deebi'ee

15}*An warra sitti amanerraayii, namni akkana je`ee Rabbi khadhate, kan Rabbiin waan inni khadhate hunda taa-siseef,abuu bakrissgiddiiqi, aayanni isaa jetteeti buute, haa tayuu aayanni isaafii nama akka isaaje'ellee laalti.

*Warri akkas je'u sun,

*Warra irra gaarii waan isaan dalaganii irraa qeeballu. waan isaan dalgan hunda irra gaari'iitti isaanif hgisaabna jechu,

*Kan waan hamtuu isaan dalagan dhii-fama isaanii goonu,

*Isaanii warra jannataa wajji jiru,

16}*Sun baallama Rabbiin isaanif se-ene , kan dhuga'aati.

*Namichi haadhaa abbaa isaatin uf, isin hifadhe jere, waan isin jettan jibbe, ya-aminsa isin islaamatti na yaamtan hin dhagayu, anumaa aarsitanii,

حَتَّىٰ إِذَا بَلَغَ أَشُدَّهُ

وَبَلَغَ أَرْبَعِينَ سَنَةً

قَالَ رَبِّ أَوْزِعْنِي

أَنْ أَشْكُرَ نِعْمَتَكَ الَّتِي أَنْعَمْتَ عَلَيَّ

وَعَلَىٰ وَالِدَيَّ

وَأَنْ أَعْمَلَ صَالِحًا تَرْضَاهُ

وَأَصْلِحَ لِي فِي ذُرِّيَّتِي

إِنِّي تَبْتُ إِلَيْكَ

وَإِنِّي مِنَ الْمُسْلِمِينَ ﴿١٥﴾

أُولَئِكَ

الَّذِينَ نَقَبَلُ عَنْهُمْ أَحْسَنَ مَا عَمِلُوا

وَنَجَاوَزُ عَنْ سَيِّئَاتِهِمْ

فِي أَصْحَابِ الْجَنَّةِ

وَعَدَ الصِّدْقِ الَّذِي كَانُوا يُوعَدُونَ ﴿١٦﴾

وَالَّذِي قَالَ لَوْلَايَ أَفِي لَكُمَا

*Si eegan du'ee, qabri'ii kaafamta naan jettanii? Baallama naa seentanii,

أَعْدَانِي أَنْ أُخْرَجَ

*Odoo ummanni hedduun na duraa kan

وَقَدْ حَلَّتِ الْقُرُونُ مِنْ قَبْلِي

qabri'ii hin kaafamin jiruu? wanni inni siyu odoo qabri'ii ka'iisi dhugaa tayee, odoo qiyaaman hin geenye, namni qabri'ii bayuu. je'a haa tayuu wanni Rabbiin muree dabarse, eega qiyaaman dhaabbattee, namni hundi dhume, qabri'itti wal gayee, bakka takkaa nama hunda kaa see, dirree qiyaama'atti walitti qabuu.duuba namni tanaan dum dhume qabri'ii kaafamuu dhabuun ragaa, guyyaa qiyaama'aa namni qabri'ii kaafamuu dhabu'uu isaaf hin tayuu akkamitti akkas je'a?,

*Haadhaa abbaan isaa, dinnachuu Rabbiirra barbaadan.akka ilmi isaanii kara'atti deebi'ee, amanu, Rabbi khadhatan. wanni isaan ilma isaanitiin je'an: yoo amanuu baatte,

وَهُمَا يَسْتَعِثَانِ اللَّهَ

*Yaa badii tee. Ni baddaa dafee,

وَبَيْكَ

*Amani. qiyaamaa ni kaafamnaa dhu-go'oos,

ءَامِنٌ

*Wanni Rabbiin je'e hin oolamtuu. Baallamni Rabbi haqaa. je'aniin,

إِنَّ وَعْدَ اللَّهِ حَقٌّ

*Duuba ilmi isaanii wanni je'uun,

فَيَقُولُ

17} *Wanni is in jettan.ni kaafamnaan isin,itti na gorsitan, kijiba warm duri malee, dhuga'aa miti. je'aan.

مَا هَذَا إِلَّا أَسْطِيرُ الْأَوَّلِينَ ﴿١٧﴾

* Jarri akka gurbaa sanii je'u sun, warra azaabni itti murame,

أُولَئِكَ الَّذِينَ حَقَّ عَلَيْهِمُ الْقَوْلُ

*Ummata kafare, kan isaan dura dabreen wajji,

فِي أَمْرٍ قَدْ حَلَّتْ مِنْ قَبْلِهِمْ

* Jinni'iifii, namarraa,

مِنَ الْجِنَّ وَالْإِنْسِ

18} *Isaan warra khasaamee.

إِنَّهُمْ كَانُوا خَسِرِينَ ﴿١٨﴾

*Namu kaafiraafii, mu'mi narraa bakka addaa, tan wal daddabartu qaba,

وَلِكُلِّ دَرَجَةٍ

*Waan isaan daJaganirraa akkuma dal-

مِمَّا عَمِلُوا

agaan isaanii wal dabartuun, aakhira'atti, wal dabran. Bakkeen mu'minni aakhira'atti qubatu jannata. jannatuma keessattuu, akka dalagaa gaari'iin

walirra caalaniin, bakka irraa alii, qubatan. arnnoo bakkeen kaafirri aakhira'atti qubatu, ibidda azaabati. Azaabuma sanuu, akkuma kufrii keessatti, daJagaa hamtuu dalagu'uun, wal caalaniin, bakka irra jalaa qubatan . irra gaarin daraj aa yookaa bakka jannataa tan irra, ol aantu. Ammoo irra hamaan darajaa azaabaa, yookaa ibiddaa, tan irra gad aantu . ward ta gadii seenu, munaafiqa. warra afaanin islaamaa kan gara'aan kaafiraati,

*Wanni Rabbiin, nama hunda, akka dalagaa isaatin aakhira'atti qubsiiisuf, jaza'a dalagaa, isaanii isaanii galachu'uufi, 19} *Isaanii, hin miidhamne. Kan mu'm-

وَلِيُؤْفِيَهُمْ أَعْمَلَهُمْ

وَهُمْ لَا يُظَاهَمُونَ ﴿١٩﴾

inarraa sawaabni waan gaari'ii hin ir'anne. ni ida'amaaf malee. kan kuffaaratti qixaan'i hin id'amne. irraa ir'ifama malee. akka abii xaalibiifii abii lahabirraa ir'ifamu,

*Guyyaa warri Rabbitti kafare, ibiddarra fidamu, itti mul'ifamee, guyyaa san wanni isaanin je'amu,

وَيَوْمَ يُعْرَضُ الَّذِينَ كَفَرُوا عَلَى النَّارِ

*Isin waan gaarii, silaa aakhira'atti argattan, addunya'arratti if duraa fixxanii, *Ittiin qananiitani, addunyaa maraxattanii,

أَذَهَبْتُمْ طَبِيبَتِكُمْ فِي حَيَاتِكُمُ الدُّنْيَا

وَأَسْتَمْتَعْتُمْ بِهَا

* Ar'a guyyaa qiyaama'aa kana, azaaba isin xiqqeessutu isinii kennama qananiin jannataa isinirratti haraamii,

فَالْيَوْمَ يُجْزَوْنَ عَذَابَ الْهُونِ

*Waan haqaan male'etti addunya'atti if guddiftaniif

بِمَا كُنْتُمْ تَسْتَكْبِرُونَ فِي الْأَرْضِ بِغَيْرِ الْحَقِّ

20} * Ammallee waan karaa Rabbirraa

وَبِمَا كُنْتُمْ تَفْسُقُونَ ﴿٢٠﴾

baataniif wanni Rabbiin kuffaara waan Rabbiin umin, addunya'arratti qanani'e xixeeff, kan mu'mina waan saniin qanani'e, hin xixin, kuffaari waan saniin qanani'e, Rabbiif gaalatan galchine. ammoo mu'minni yoo waan Rabbiin uumen qanani'e. Rabbiif galata galcha. tanaaf jecha, kaafirri waan Rabbiin uume nyaatee, dhugee, uffatee, qanani'eefii, ormi mu'minaa kan waan saniin qanani'e adda. maalifkuffaari waan saniin qixaaxa ida'atee, qanani'aakhira'arraa, hoongaya. ammoo mu'minni waan saniin qanani'ee galata Rabbiif galche, sawaaba argateeti, aakhira'attis waan likkiin qabneen qanani'a.

*Qissaa, yookaa oduu obboleessa kgaad (Huum) dubbadhu, ummata keetif odeesse

﴿٢١﴾ وَإِذْ كَرَأَخَاعَادِ

*Gaafa inni ummata isaa kan biyya ahg-

إِذْ أَنْذَرَ قَوْمَهُ بِالْأَحْقَافِ

qaaf je'antu jiru, dinniine azaaba Rabbii isaan sodaachise, akka badii keessa jiranirraa deebi'an (ahgqaaf} laga biyya yaman kan hgadramawtifii (kgumaan} jidduu bakka (shahar} je'antu jirtu,

*Nabi huud, aaditti ergame dura ,ergamoonni Rabbii, hedduun, ummata dinniine, dabree jira, kan akka aadarn, shiis, idriis, nuuhg,

*eega isallee ergamoonni Rabbii hedduun ummata isanitti ergamanii jiran,

*Wanni nabi (huud} ummata isaatinje'e: Rabbii tokkicha malee, waan biraa hin ibaadinaa,

21} *An yoo waan Rabbin tayin gabbartan azaabni guyyaa jabaa gudda'aa isin tuquudhan sodaadha. je'een

*Jennaan akki je'aniin: si ati waan nuti Rabbi godhannee gabbarrurraa,nu dhoo-wwu'uuf nutti dhuftee?,

*Mee azaaba nuun sodaachiftu san nutti fidi,

22} *Yoo kan dhugaa dubbattu, taate je'aniin.

* Jennaan nabi (huud} akki je'een: gaafa azaabni isinitti dhufu, Rabbiitu beekha,

*An waan isinittiin ergamen, isinitti geessa. akka amantanii. azaaba jalaa nagaya baataniif

23} *Haa tayuu, an, akka isin , warra dantaa ifii hin. beyne taatanan, isin arga kan sanii jettanii, azaaba, dafii nutti buusi jettan .namni dantaa ifii beekhu akkana hin je'uu. je'een.

*Duuba hoggaa duummessa samii cufu,

*Kan gara laggeen biyya isaanii deemu argan, gammadanii akki je'an,

*Inni laallee garru kun, duumessa nuuf roobu je'an. waan roobni yaroo dheertuu irraa citeef, duumisa kanaan gammadan,

وَقَدْ خَلَّتِ النُّذُرُ مِنْ بَيْنِ يَدَيْهِ

وَمِنْ خَلْفِهِ

أَلَّا تَعْبُدُوا إِلَّا اللَّهَ

إِنِّي أَخَافُ عَلَيْكُمْ عَذَابَ يَوْمٍ عَظِيمٍ ﴿٢١﴾

قَالُوا أَجِئْنَا لِنُؤْفِكَ عَنْ آلهِنَا

فَأِنَّا بِمَا تَعْدُنَا

إِنْ كُنْتَ مِنَ الصَّادِقِينَ ﴿٢٢﴾

قَالَ إِنَّمَا أَعْلِمُ عِنْدَ اللَّهِ

وَأُبَلِّغُكُمْ مَا أُرْسِلْتُ بِهِ

وَلَكِنِّي أَرْزُقُكُمْ فَوْماً بَجْهَلُونَ ﴿٢٣﴾

فَلَمَّا رَأَوْهُ عَارِضًا

مُتَسْقِلًا أَوْ ذِي بَنِينَ قَالُوا

هَذَا عَارِضٌ مُمِطِرٌ

*Isaan akkas, jennaan nabi { huud } aki.
je'een: dubbiin akka isin duumessa nuu
roobu jettanii mitii.wanni isin gartan kun
,azaaba isin, mee nutti fidi jettanii, jarj-
arsiifattanii, waa duumessaa mitii,
24}*Bubbee, yookaa qilleensa, azaaba
nama laalessuun deemu.

بَلْ هُوَ مَا اسْتَعْجَلْتُمْ بِهِ ۗ

*Bubbee waan irra baate mara, cacabsitu,

رِيحٌ فِيهَا عَذَابٌ أَلِيمٌ ﴿٢٤﴾

*Ajaja Rabbii isi'iitin. Fedhii isaatin tan

تَدْمِرُ كُلَّ شَيْءٍ

بِأَمْرِ رَبِّهَا

waan Rabbiin isi'iin, balleessuu fedhe hunda balleessitu. akkasitti dhiira
isaanii, beera isaanii, joollee isaanii, horii isaanii fuutee, samii keessa
dabarsitee Iafaan dhooytee fixxe. nabi (huudifii) warra isatti amane malee,
wanni odeeffame, nabi (huud) hoggaa azaabni qilleensaa dhufuu argu,
nama isatti amane hunda walitti qabeeti, taraarraa itti marsee taraaree taa'an.
duuba qilleensi bubbisaan dhufee, cirracha akka galaanatti yaasee, waan
nabi huudifii warra isatti amane hin tayin awwaale halkan torbaafii, guyyaa
saddeet, bubbeen sun irra teessee cirracha keessaa baaftee baharitti darbite.
orma jara sanirraa haferraa tooko oramoo.warri isaanirraa hafe kuma afuri,

*Duuba akkasitti, jarri Ra bbitti kafare
sun,dhabame kan ona isaanii malee, wa-
nni biraa kan isaanirraa hafe hin argamne,

فَأَصْبَحُوا لَا يُرَىٰ إِلَّا مَسَكِنُهُمْ

* Akka jara saniif jazaa galchinee isaan
fin'etti,

كَذَٰلِكَ

25}*Warra Rabbitti kafare hundaaf, jazaa
isaan haqa godhatan galchina. Isaan qi-
xaaxna.

بَجَزَى الْقَوْمِ الْمُجْرِمِينَ ﴿٢٥﴾

*Ummata (Kgaad} kan iram je'aman
saniif, addunyaa tanarratti aanjoo yookaa
mijjuu kenninee jirra,

وَلَقَدْ مَكَّنَّهُمْ

*Waan isiniif yaa warra makkaa hin
mijjeessin keessatti, isaanii mijjeessinee
jirra humnaafii, durummaa dhaa umrii
keessatti isinirra caalan, hanga isaanii
kennine isinii hin kenrune,

فِيمَا إِنْ مَكَّنَّاكُمْ فِيهِ

*Ummata {kgaad} saniif gurra wahiin
dhagayan goonee j irra,

وَجَعَلْنَا لَهُمْ سَمْعًا

*Ija wahiin argan isaanii goonee jirra,

وَأَبْصَارًا

*Qalbii wahiin beekhan isaanii goonee jirraa,

وَأَفْئِدَةٌ

*Haa tayuu gurri isaanii isaan hin fayyanne,ragaa iimaanatiin ammallee waan gaari'in dhagayanii bu'aa irraan arganne sababaa waan gaarii dhagayu'uutin, amananii azaaba isaanirraa, hin deebifne,

فَمَا أَعْنَىٰ عَنْهُمْ سَمْعُهُمْ

* Ammallee ijji isaanii kennine,

وَلَا أَبْصَرُهُمْ

* Ammallee onneen isaanii kennine, waa

وَلَا أَفْئِدَتُهُمْ مِن شَيْءٍ

takka isaan hin fayyanne ijaan haqaafii, ragaa iimaanaa arganii, qal bi'in haqa beekanii yaadani, humna beekkomsaa sanitti hin Fayyad amne tanaaf jecha, wanni isaanii kennine, sun, azaaba Rabbii isaanirraa hin deebifne,

*Waan isaan aayaata Rabbii moromaniif waan isaan ragaa tokkumma Rabbii kan dandeytii isaa moromaniif,

إِذْ كَانُوا يَجْحَدُونَ بِآيَاتِ اللَّهِ

26} * Akkasitti, azaabni isaan, mee nutti fidije'anii qishna'aaf barbaadan ,isaanitti bu'ee, isaanitti marsee ,isaan fixe.

وَحَاقَ بِهِمْ مَا كَانُوا بِهِ يَسْتَهْزِءُونَ ﴿٢٦﴾

*Dhugumaan warra biyy oota naan noo keessanii fin'e.kan akka ummata sgaalih. Kan akka ummata luux,

وَلَقَدْ أَهْلَكْنَا مَا حَوْلَكُمْ مِنَ الْقُرَىٰ

* Aayaata yookaa ragaa iimaanaa isaanif deddeebifnee, gosa gosaan dubbanne, 27} *Akka jallinarraa deebi'an isaan godhu'uuf.

وَصَرَفْنَا الْآيَاتِ

لَعَلَّهُمْ يَرْجِعُونَ ﴿٢٧﴾

*Mee maalif isaan hin gargaarin?,

فَلَوْلَا نَصْرُهُمْ

*Sanamni yookaa namni isaan Rabbii achitti gabbaran,yookaa ibaadan,

الَّذِينَ اتَّخَذُوا مِن دُونِ اللَّهِ

*Haa wanni ibaadan sun Rabbitti nu dhiyeessituudhaf,

قُرْبَانًا

*Waaqa je'aniinii , yookaa rabbi godha-

ءِالِهَةً

tanii ,gabbaran sun, mee maa hoggaa balaan isaanitti buute isaanii hin toile? wanni isaan Rabbi je'eenii ibaadan, nama tayuu waan biraa tayuu, kan akka sanamaa, kan akka jinni'ii, waa takka azaaba Rabbii isaanirraan deebifue, waa takka isaanii hin tarre,

*Inumaa wanni isaan Rabbi je'aniin sun, hoggaa azaabni isanitti bu'u, biraa faga-
atte badde,

بَلْ ضَلُّوا عَنْهُمْ

* Tanaaf jecha, waan Rabbiin tayin Ra-
bbi godhatanii Rabbi biratti nu shafaati
je'anii ibaadun, yookaa gabbaruun sun,

وَذَلِكَ

*Kijiba isaan oofan, waan nama shafa'u
je'anii,

إِفْكَهُمْ

28} *Ammallee halfi yookaa kijiba isaan
yaasan mukaana yookaa namaan Rabbi
je'anii. Rabbi isaanitii waan biraa hin
uume dhiisanii isa gabbaruu lakkisanu,

وَمَا كَانُوا يَفْقَهُونَ ﴿٢٨﴾

*Gaafa jara jinni'ii torban, yookaa saylan

وَإِذْ صَرَفْنَا إِلَيْكَ نَفَرًا مِّنَ الْجِنِّ

gara kee qabne, dubbadhu. ormi jinni'ii kun warra biyya yaman tan (nasiibii) je'amtu. takkaa jinnii biyya iraaq tan (niinawaa) je'amtu. Jarri jinni'ii kun, nabi muhammad kan biyya (xaa'if) dhaqee, baatii takka achi taa'ee, gara makkaa as deebi'ee bakka (baxnii nakhlaa) je'amtu jiru. kan salaata halkan keessa salaatu keessatti qur'aana qara'u ormi jinni'ii sun itti gore,

*Qur'aana nabi muhammad qara'u, caq-
asu'uuf,

يَسْتَمِعُونَ الْقُرْآنَ

*Duuba ormi jinni'ii, hoggaa nabi bira
dhufan wanni waliin je'an,

فَلَمَّا حَضَرُوهُ قَالُوا

*Cal'isaa, qur'aana caqasaa je'an,

أَنْصِتُوا

*Duuba hoggaa nabiin qaraati'irraa raa-
watu, takkaa qaraatin isaa dhumtu,

فَلَمَّا قُضِيَ

*Gara ummata isaanii. biyya isaanitti
deebi'an,

وَلَوَّأْ إِلَى قَوْمِهِمْ

29} *Isaanii ummata isaanii azaaba Ra-
bbii sodaachisu ,yoo amanuu baatan, ja-
rri jinni'ii sun, yahuudaa tayuu turanii,
eegasii islaamayan.

مُنْذِرِينَ ﴿٢٩﴾

*Wanni isaan ummata isaanitiin je'an,
yaa ummata keenya,

قَالُوا يَا قَوْمَنَا

*Nutu kitaaba qur'aanaa, kan eega muu-
sa'atii buufame dhageenye,

إِنَّا سَمِعْنَا كِتَابًا أُنزِلَ مِنْ بَعْدِ مُوسَىٰ

*Kan kitaabban isa duraa hunda dhug-
o'oomsu,

مُصَدِّقًا لِّمَا بَيْنَ يَدَيْهِ

*Kan haqatti nama qajeelchu, sun isla-
amaa,

30} *Kan karaa diriiraa nama qajeelchu
karaa islaamaa karaa dalagaa gaariidhaa.

*Yaa ummata keenya,

*Nama gara Rabbii nama yaamu, kan
Rabbii tokkichatti amanu'utti nama yaa-
mu, yaaminsa isaa dhagayaa, Owwaadhaa
,waan itti isin yaamu qabadhaa dalagaa,

*Itti amanaa, dhugo'oomsaa

*Waaqni dilii yookaa cubbuu teessan-
irraa isiniif araaramaa ,balleessaa isinii
dhiisaa,

31} * Azaaba nama laalessurraa nagaya
isin baasaa namni haqatti nama yaamu
kan karaa diriiraa nama qajeelchu sun,
nabi muhammadii.

*Namni nama haqatti nama yaamu jalaa
hin owwaanne, kan isa dhagayee hin
amanne,

*Dheefan , Rabbi , hin dadhabsiisu , da-
chii tanarraa bakka azaaba Rabbii jalaa
itti bayu hin qabu,

*Nama yaaminsa haqaa hin dhageenye
saniif, namni Rabbii achitti dirmatee,
azaaba Rabbii irraa dhoowwu hin jiru
nama isaa tumsu kan isaa tolu hin qabu,

32} *Jarrin hin owwaanne sun jallina mu-
l'ataa keessa jiran. dubbii ormi jinni'ii
ummata isaanitiin jere, asitti dhumte.

*Si warri qiyaaman dhuftee, namni qab-
ri'ii hin kaafamu je'u, hin beynee,

* Akka Rabbiin sarni'iifii, dachii uume
.waan isaan lamaan ke essajiruun wajji

*Kan waan guddoo san uumun isa hin
dadhabsiisin,

*Warra du'ee qabrii jiru jiraachisee qab-
ri'ii kaasuu dandayu hin beynee,

يَهْدِي إِلَى الْحَقِّ

وَأَنَّ طَرِيقَ مُسْتَقِيمٍ ﴿٣٠﴾

يَقُومَنَا

أَجِيبُوا دَاعِيَ اللَّهِ

وَأَمِنُوا بِهِ

يَغْفِرَ لَكُمْ مِّنْ ذُنُوبِكُمْ

وَيُجِزِكُمْ مِّنْ عَذَابِ أَلِيمٍ ﴿٣١﴾

وَمَنْ لَا يُحِبِّ دَاعِيَ اللَّهِ

فَلَيْسَ بِمُعْجِزٍ فِي الْأَرْضِ

وَلَيْسَ لَهُ مِنْ دُونِهِ أَوْلِيَاءُ

أَوْلِيَاكَ فِي ضَلَالٍ مُّبِينٍ ﴿٣٢﴾

أَوْلَمَّ يَرَوْا

أَنَّ اللَّهَ الَّذِي خَلَقَ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضَ

وَلَمْ يَعْ يَخْلُقْهُنَّ

يَقْدِرُ عَلَى أَنْ يَخْتِىَ الْمَوْتِ

*Dhuga'aa Rabbiin warra du'e jiraachisuu dandaya,
33} *Rabbiin waa hundarratti dandayaa.

بَلَىٰ

إِنَّهُ عَلَىٰ كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ ﴿٣٣﴾

*Guyyaa warri Rabbitti kafare .ibiddarra fidaman, kan ibiddatti gubatan, wanni isaanin je'amu:

وَيَوْمَ يُعْرَضُ الَّذِينَ كَفَرُوا عَلَى النَّارِ

*Si ibiddi kun haqaa mitii? dhuga'aa mitii laalan ibiddi, isin laalessu dhuga'aa mitii?,
*Haqa, dhuga'a yaa Rabbii keenya, je'anii kakatan, akka kakuu isaanitiin nagaya bayan seyanii,
*Haa tayuu Rabbiin akki je'een,

أَلَيْسَ هَذَا بِالْحَقِّ

قَالُوا بَلَىٰ وَرَبِّنَا

قَالَ

34} * Azaaba ibiddaa kana, dhandhamaa sababaa Rabbitti kafartaniif.

فَذُوقُوا الْعَذَابَ بِمَا كُنْتُمْ تَكْفُرُونَ ﴿٣٤﴾

*Yaa ergamaa kiyya Muhammed, miidhaa ummanni kee si miidhurratti obsi, waan Rabbiin itti si ajaje dalagee jaaladhu,
* Akka warri jabaatee, cinqi'irratti obse, obsetti,
*Ergamoota si dura ergamerraa atis obsi

فَأَصْبِرْ

كَمَا صَبَرْنَا وَلَوْ أَلْعَزَمِ

مِنَ الرُّسُلِ

warri akkaan cinqame, kan sanumaan wajji, akkaan obse, ergamooterraa nama shani, isaan nabi (nuuhg}, ibraahiim, muusaa, iisaa nabi Muhammad nageenyi isaan hundarratti haa jiraatuu,

*Ummata keetitti balaan bu'uu hin jarj-arsiifatin, ati obsi.azaabni kuffaara si dhibe tuquun oolu,

وَلَا تَسْتَعْجِلْ لَهُمْ

*Warri si dhibe sun, kuffaarri , hogгаа

كَأَنَّهُمْ يَوْمَ يَرَوْنَ مَا يُوعَدُونَ

azaaba isaanii qophaaye, kan ati itti odesitee sodaachifteen, aakhira'atti ijaan argan. wanni isaanitti fakkaatu cinqiin isaanitti dheeratuu keessa,

*Akka waan addunyaa keessa hin taa'inii, guyyaa tokkorraa saa'aa takka mallee, seyan. yaokaa yaadan,

لَعَلَّيْسُوا إِلَّا سَاعَةً مِّنْ نَّهَارٍ

*Qur'aanni kun, waan Rabbirraa gara keessan dhufee. Isin qajeelchu'uu jechaa. Itti amanaa, dhuga'aomsaa karaa Rabbii qabadhaa. Irraan bayinaa ni baddanii,

بَلَىٰ

35} *Si si'laa, warra kafare malee namni

فَهَلْ يَهْلِكُ إِلَّا الْقَوْمُ الْفَاسِقُونَ ﴿٣٥﴾

biraa ibaa ni badaa? hin badu jechu. Namni kufri'irratti du'e, nama hoo-ngaye. kan badii zalaalami'ii bade. ammoo namni islaamarratti du'e odoo nama dilii dalagellee tayee inni warra baadden isaa jannata taatu.